Waggaa 9[ffaa] .................. Lak. 4
9ኛ ዓመት .............................. ቁጥር 4
9[th] year ................................No.4

Finfinnee, Sadaasa 1/1993
ፊንፊኔ ኅዳር ፩ ቀን ፲፱፻፺፫
Finfine, November 10[th] 2000


# MAGALATA OROMIYAA

# መ ገ ለ ተ ኦ ሮ ሚ ያ

# MEGELETA OROMIA


Gatiin Tokkoo ............ 5.00
ያንዱ ዋጋ ............................"
Unit Price............................ "

Too'annaa Caffee Mootummaa Naannoo Oromiyaatiin Kan Bahe
በኦሮሚያ ክልላዊ መንግሥት ም/ቤት ጠባቂነት የወጣ

Lakk. S. Poostaa ......... 101769
የፖ.ሣ.ቁጥር .........................."
P.O.Box ..............................."


QABEENTAA


Dambii Lakk. 17/1993
"Dambiin Kiraa Taappeellaa Beeksisaa Magaalaa Alatti Dhaabbatu Murteessuuf Bahe
....................................... fuula 1


ማውጫ


ደንብ ቁጥር ፲፯/፲፱፻፺፫
"ከከተማ ክልል ውጭ በሚቆሙ የማስታወቂያ ሠሌዳዎች ላይ ኪራይ ለማስከፈል የወጣ ደንብ
....................................................... ገጽ ፩


CONTENT


Regulations No. 17/2000
"Rural land Use Fee on Advertising Boards Proclamation
.................................................. Page 1


## *DAMBII KIRAA TAPPEELLAA BEEKSISAA MAGAALAA ALATTI DHAABBATU MURTE ESSUUF BAHE*

Koreen Hojii Raawwachiiftuu Mootummaa Naannoo Oromiyaa Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa keewwata 54(6) irratti hundaa'uudhaan Dambii kana baaseera.

1. *Mata Duree Gabaabaa*
   Dambiin kun "Dambii Kiraa Taappeellaa Beeksisaa Magaalaa Alatti Dhaabbatu Murteessuuf Bahe Lakk. 17/1993" jedhamee waamamuuni danda'a.
2. *Hiika*
   Dambii kana keessatti:
   1) "Aasxaa" jechuun mallattoo daldalaa qaama dhimmi ilaaluun hayyamameedha.
   2) "Hojii daldalaa" jechuun Seera Daldalaa keewwata 5 jalatti hojiiwwan ibsaman ykn seera biraatiin hojiiwwan daldalaa kan jedhamani.

## ከከተማ ክልል ውጭ በሚቆሙ የማስታወቂያ ሠሌዳዎች ላይ ኪራይ ለመወሰን የወጣ ደንብ

የኦሮሚያ ክልላዊ መንግሥት ሥራ አስፈጻሚ ኮሚቴ በክልሉ ሕገ መንግሥት አንቀጽ ፶፬(፮) መሠረት ይህን ደንብ አውጥቷል።

፩· አጭር ርዕስ
   ይህ ደንብ "ከከተማ ክልል ውጭ በሚቆሙ የማስታወቂያ ሠሌዳዎች ላይ ኪራይ ለማስከፈል የወጣ ደንብ ቁጥር ፲፯/፲፱፻፺፫" ተብሎ ሊጠቀስ ይችላል።

፪· ትርጓሜ
   በዚህ ደንብ ውስጥ፦
   ፩· "ምልክት" ማለት ጉዳዩ በሚመለከተው አካል የተፈቀደ የንግድ ምልክት ነው።
   ፪· "የንግድ ሥራ" ማለት በንግድ ሕግ አንቀጽ ፭ ሥር የተገለፁ ሥራዎች ወይመ በሌላ ሕግ የንግድ ሥራዎች የተባሉ ናቸው።

## *Regulations To Provide For Rural Land Use Fee On Advertising Boards*

These Regulations are issued by the Executive Committee of the Oromia Regional State pursuant to Article 54(6) of the Constitution of the Region.

1. *Short Title*
   These Regulations may be cited as the "Rural land Use Fee on Advertising Boards No. 17/2000."
2. *Definitions*
   In these Regulations:
   1) "Trade Mark" means a trade mark, given by a concerned authority.
   2) "Commercial activity" means activities carried on by a business person as specified under Article 5 of the Commercial Code or those assumed as commerical activities under other laws.

3) "Dhaabbata" jechuun hojii daldalaa ykn hojii biraa kamiyyuu gaggeessuuf qaama seerummaa qabuudha; kunis daldalaa dhuunfaa ni dabalata.
4) "Magaalaa" jechuun magaalaa bulchiinsa magaalaa qabu ykn seeraan qaamni magaalummaa kan kennameef jechuudha.
5) "Taappeellaa Beeksisaa" jechuun dhaabbanni maqaa ykn hojii ykn hoomisha ykn tajaajila isaa beeksisuuf magaalaa alatti kan maxxansu ykn dhaabu jechuudha.

*3. Aangoo fi Hojii Bulchiinsa Aanaa*

1) Dhaabbanni kamiyyuu taappeellaa beeksisaa dhaabuuf yammuu gaafatu: Bulchiinsi Aanaa:
(a) Lafti taappeellaan irratti dhaabbatu lafa hojii biraatiif hin oolle ta'uu isaa ni mirkaneessa;
(b) Dhaabbanni taappeellaa beeksisaa dhaabuuf gaaffi dhi'eesse heyyama daldalaa fi aasxaa seeraan beekamu qabaachuu isaa ni mirkaneessa;
(c) Iddoon taappeellaan beeksisaa itti dhaabbatu sochii uummataa ykn hojii nama biraa irratti rakkoo kan hin uumne ta'uu isaa mirkaneessee ni heyyama.
2. Bulchiinsi Aanaa:
(a) Foormii waliigaltee Biiroon Faayinaansii baasu irratti hundaa'ee dhaabbata taappeellaa dhaabu wajjin waliigaltee mallatteessuudhaan koppii waliigaltichaa yeroo gabaabaa keessatti Waajjira Faayinaansii Aanaatiif ni dabarsa;
(b) Kiraa haala Dambii kanaan kafalamuu qabu dhaabbatni kamiyyuu yoo kaffaluu baate taappeellaa isaa akka kaasu ni taasisa;
(c) Taappeellaan armaan dura dhaabbatee ture dirqama Dambii kana keessatti ibsame akka guutu ni godha;
(d) Raawwannaa Dambii kanaa ilaalchisee yeroo yeroodhaan Bulchiinsa Godinaatiif gabaasa ni dhiyeessa.

፫· "ድርጅት" ማለት ማንኛውንም ዓይነት የንግድ ሥራ ወይም ሌላ ሥራ ለመሥራት መብት የተሰጠው አካል ነው ። ይህም ግለሰብ ነጋዴን ይጨምራል።
፬· "ከተማ" ማለት የከተማ አስተዳደር ያለው ወይም የከተማነት ሕጋዊ መብት የተሰጠው ከተማ ማለት ነው።
፭· "የማስታወቂያ ሠሌዳ" ማለት አንድ ድርጅት ስሙን ወይም ሥራውን ወይም ምርቱን ወይም አገልግሎቱን ለማስተዋወቅ ከከተማ ክልል ውጭ የሚለጥፈው ወይም የሚያቆመው ማለት ነው።

፫· <u>የወረዳ መስተዳድር ሥልጣንና ተግባር</u>

፩· ማንኛውም ድርጅት የማስታወቂያ ሠሌዳ ለማቆም የወረዳ መስተዳድርን ከጠየቀ መስተዳድሩ ፡—
ሀ) የማስታወቂያ ሠሌዳው የሚቆምበት መሬት ለሌላ ሥራ የማይውል መሆኑን ያረጋግጣል፤
ለ) የማስታወቂያ ሠሌዳውን ለማቆም የጠየቀው ድርጅት የንግድ ፈቃድና ሕጋዊ ዕውቅና የተሰጠው ምልክት እንዳለው ያረጋግጣል፤
ሐ) የማስታወቂያ ሠሌዳው የሚቆምበት ቦታ በሕዝብ እንቅስቃሴ ወይም በሌላ ሰው ሥራ ላይ ችግር የማይፈጥር መሆኑን አረጋግጦ ይፈቅዳል።
፪· የወረዳው መስተዳድር፡—
ሀ) የኦሮሚያ ፋይናንስ ቢሮ በሚያወጣው ፎርም መሠረት የማስታወቂያ ሠሌዳ ከሚያቆመው ድርጅት ጋር ውል በመፈራረም የውሉን አንድ ቅጅ በአጭር ጊዜ ውስጥ ለወረዳው ፋይናንስ ጽ/ቤት ያስተላልፋል ፤
ለ) በዚህ ደንብ መሠረት መከፈል የሚገባው ኪራይ ያልከፈለ ማንኛውም ድርጅት የማስታወቂያ ሠሌዳውን እንዲያነሳ ያደርጋል፤
ሐ) ከዚህ በፊት ተተክሎ የነበረ የማስታወቂያ ሠሌዳ በዚህ ደንብ ውስጥ የተገለጸውን ግዴታ እንዲያሟላ ያደርጋል ፤
መ) የዚህን ደንብ አፈጻጸም አስመልክቶ በየጊዜው ለዞኑ መስተዳድር ሪፖርት ያቀርባል።

3) "Organization" means any person authorized to carry on commercial activity or another activity; this includes sole business person.
4) "Urban" Means any town which has an urban administration or a legal entity.
5) "Advertising Board" means a board posted or erected in rural areas by an organization to make public its name or work or product or services.

*3. Powers and Duties of the Wereda Administration*

1) When an organization applies to post or erect an advertising board, the Wereda Administration shall ascertain that the:
(a) land requested for this pupose is not used for another activity;
(b) organization has a lawful license and trade mark;
(c) land identified for this purpose does not create a traffic jam or an obstacle on the activity of another person.
2) The Wereda Adiministration may:
(a) sign an agreement wsith the Organization, in the agreement form issued by the Finance Bureau, and send its copy to the Wereda Finance Office forthwith;
(b) compel an Organization to demolish or remove its advertising board if it doesn't pay the land use fee provided for in these Regulations;
(c) require an Organization which posted or erected advertising board before the effective date of these regulations to comply with it.
(d) report the implementation of these Regulations to the Zonal Administration.

4. Aangoo fi Hojii Waajjira Faaynaansii Aanaa

Waajjirri Faaynaansii Aanaa:

1) Waliigaltee mallattaa'e irratti hundaa'uudhaan kiraa Dambii kana keessatti murtaa'e ni kafalchiisa;
2) Kiraan waggaa waggaadhaan yeroo murtaa'e keessatti yoo hin kafalamne taappeellaan beeksisaa akka ka'us Bulchiinsa Aanaa wajjin ta'uudhaan tarkaanfii barbaachiisaa ta'e ni fudhata.

5. *Hamma Kiraa Kaffalamuu*

1) Magaalaa alatti Taappeellaa Beeksisaa dhaabbatu irratti akkaataa Labsii Naannoo Oromiyaatti haala Ittifayyadama Lafa Baadiyyaa Hojii Invastimantiif ta'u Murteessuuf bahe Lakk. 3/87 irratti Godinaaleef sadarkaa kennameen, beeksisa fuula tokkoon barreeffamu yoo ta'e, ballina taappeellaa kaare meetira tokkoof waggaatti:
   (a) Godinaalee sadarkaa tokkoffaa keessatti argamaniif qr. 50.00 (shantama);
   (b) Godinaalee sadarkaa lammaffaa keessatti argamaniif .... qr. 30.00 (soddoma);
   (c) Godinaalee sadarkaa sadaffaa keessatti argamaniif qr. 15.00 (kudha shan);
   ni kafalama.
2) Ballina taappeellaa kaare meetira tokkoo gadi ykn ol ta'e, akkasumas taappeellaa fuula lachuuttuu barreeffame irratti haaluma taarifa keewwata kana keewwata xiqqa (1) jalatti ibsameen shalagamee kiraan ni kafalama.

6. *Yeroo kiraan Itti kafalamu*

1) Dhaabbatni taappeellaa beeksisaa akka dhaabbatu heyyamameef kamiyyuu kiraa waggaa sanii yeroodhuma sana ni kafala.
2) Kiraan waaggoota itti aananii waggaa waggaadhaan Adoolessa 1 irraa kaasee hanga Onkoloolessa 30 tti ni kaftalama.

፬· <u>የወረዳ ፋይናንስ ጽ/ቤት ሥልጣንና ተግባር</u>

የወረዳ ፋይናንስ ጽ/ቤት፡–

፩· በተፈረመው ውል ቅጅ መሠረት በዚህ ደንብ የተወሰነውን ኪራይ ያስከፍላል ፤

፪· ኪራዩ በየዓመቱ በተወሰነው ጊዜ ውስጥ ካልተከፈለ ከወረዳው መስተዳድር ጋር በመሆን የማስታወቂያ ሠሌዳው እንዲነሣም አስፈላጊውን እር ምጃ ይወስዳል።

፭· <u>የኪራይ መጠን</u>

፩· ከከተማ ክልል ውጭ በሚቆም የማስታቂያ ሠሌዳ ላይ በኦሮሚያ ክልል ለኢንቬስትመንት ተግባር የሚውል የገጠር መሬት አጠቃቀምን ለመወን በወጣው አዋጅ ቁጥር ፫/፲፱፻፹፯ ለዞኖች በተሰጠው ደረጃ መሠረት በአንዱ ጎን ብቻ በተጻፈው ማስ ታወቂያ በአንድ ካሬ ሜትር ስፋት በዓመት፡–

ሀ) በአንደኛ ደረጃ በሚገኙ ዞኖች በዓመት ብር ፶ (ሃምሣ ብር)፣

ለ) በሁለተኛ ደረጃ በሚገኙ ዞኖች በዓመት ብር ፴ (ሠላሣ ብር)፣

ሐ) በአንደኛ ደረጃ በሚገኙ ዞኖች በዓመት ብር ፲፭ (አሥራ አምስት ብር) ይከፈላል።

፪· ከአንድ ካሬ ሜትር በታች ወይም በላይ ስፋት ባለው እንዲሁም በሁለቱም ጎኖች የተጻፈበት ሠሌዳ ከሆነ በዚህአንቀጽ ንዑስ አንቀጽ (፩) ውስጥ በተገለጸው መሠረት ተሰልቶ ኪራዩ ይከፈላል ።

፮· <u>ኪራዩ የሚከፈልበት ጊዜ</u>

፩· የማስታወቂያ ሰሌዳ እንደያቆም የተፈቀደለት ማንኛውም ድርጅት የዓመቱን ኪራይ ወዲያውኑ ይከፍላል።

፪· የሚቀጥሉት ዓመታት ኪራይ በየዓመቱ ከሐምሌ ፩ ቀን እስከ ጥቅምት ፴ ድረስ መከፈል አለበት።

4. *Powers and Duties of the Wereda Finance Office*

The Wereda Finance Office shall:

1) collect the land use fee provided for in these Regulations in accordance with the agreement signed;
2) in collaboration with the wereda administrative office, take necessary action to demolish or remove the advertising board if the land use fee is not paid each year within the fixed time.

5. *The Amount Of The Land Use Fee*

1) Advertising board posted or erected in rural land shall pay fees, in accordance with the standards given to zones under the proclamation issued to provide for the Utilization of rural land for Investment Activities in the Oromia Region. No.3/1995, for an advertisement written in one side of the board. The tariff per $m^2$ shall be as follows:
   (a) In the first grade Zones.... Birr 50.00
   (b) In the third grad zones..... Birr 30.00
   (c) In the third grad zones..... Birr 15.00
2) Where the size of the board is less or greater than one $m^2$ and/ro the advertisement is written in both sides, the amount of the fee shall be assessed according to the tariff specified under sub–article (1) of this Article.

6. *Time of Payment*

1) Any organization permitted to post or erect an advertising board shall pay the land use fee of the year forthwith.
2) The Land use fee of the next years shall be paid from the Month of July to October each year.

3) Dhaabbatni otuu Dambiin Kun hin bahiin dura taappeellaa Naannoo Oromiyaa keessatti dhaabee jirus guyyaa Dambiin kun ragga'ee kaasee haala Dambii kanaatiin kiraa ni kafal.

7. *Kafaltii kiraa irraa bilisa ta'uu*

Dhaabbatni:

1) Hojii daldalaaf dhaabate mooraa isaa keessatti ykn waajjira isaarratti taappeellaa fannise ykn maxxanse ykn
2) hojii daldalaa tiif hin hundeeffamne kiraa haala Dambii kanaan kafalamu irra bilisa ni ta'a.

8. *Aangoo Qajeelfama Baasuu*

Biiroon Faaynaansii Oromiyaa Dambii kana hojiirra oolchuuf qajeelfama barbaachisaa ta'e baasuuf aangoo ni qabaata.

9. *Adabbii*

Dambii kana ykn Dambii kana irratti hundaa'e qajeelfama bahe dhaabbatni cabse kamiyyuu Seera Adaba Yakkaatiin ni adabama.

10. *Dambii raawwatiinsa Hin-Qabne*

Dambiin ykn qajeelfamni yin haalli hojii Dambii kanaan wal-faallessu kamiyyuu dhimmoota Dambii kana keessatti ibsaman irratti raawwatiinsa hin-qabaatu.

11. *Yeroo Dambiin Kun Itti Ragga'u*

Dambiin kun Sadaasa 01 bara 1993 irraa eegalee hojiirra ni oola.

Finfinnee, Sadaasa 01 bara 1993

Kumaa Dammaqsaa
Pirezidaantii Mootummaa
Naannoo Oromiyaa

፫· ይህ ደንብ ከመውጣቱ በፊት በኦሮሚያ ክልል የማስታወቂያ ሠሌዳ ተክሎ ወይም አቁሞ የነበረ ድርጅት ከሆነም ይህ ደንብ ከጸናበት ቀን ጀምሮ በዚህ ደንብ መሠረት ኪራዩን ይከፍላል።

፯· <u>ከኪራይ ክፍያ ነጻ ስለመሆን</u>

ማንኛውም ድርጅት

፩· ለንግድ ሥራ የተቋቋመ ከሆነና ማስታወቂያውን በግቢው ውስጥ ወይም ከመ/ቤቱ ላይ ከሰቀለ ወይም ከለጠፈ ወይም
፪· ለንግድ ሥራ ያልተቋቋመ ከሆነ በዚህ ደንብ ከሚከፈለው ኪራይ ነጻ ይሆናል።

፰· <u>መመሪያ የማውጣት ሥልጣን</u>

የኦሮሚያ ፋይናንስ ቢሮ ይህንን ደንብ ሥራ ላይ ለማዋል አስፈላጊ የሆነ መመሪያ ለማውጣት ሥልጣን አለው።

፱· <u>ቅጣት</u>

ይህንን ደንብ ወይም በዚህ ደንብ ላይ ተመሥርቶ የወጣውን መመሪያ የጣሰ ማንኛውም ድርጅት በወንጀለኛ መቅጫ ሕግ መሠረት ይቀጣል።

፲· <u>ተፈፃሚነት ስለማይኖረው ደንብ</u>

ይህንን ደንብ የሚቃረን ማናቸውም ደንብ ወይም መመሪያ ወይም የአሠራር ሁኔታ በዚህ ደንብ ውስጥ በተመለከቱት ጉዳዮች ላይ ተፈፃሚነት አይኖረውም።

፲፩· <u>ደንቡ የሚጸናበት ጊዜ</u>

ይህ ደንብ ከህዳር ፩ ቀን ፲፱፻፺፫ ዓ·ም ጀምሮ የፀና ይሆናል።

ፊንፊኔ ፡ ህዳር ፩ ቀን ፲፱፻፺፫ ዓ·ም

ኩማ ደመቅሳ
የኦሮሚያ ክልላዊ መንግሥት
ፕሬዚዳንት

3) An Organization which posted or erected an advertising board in the Oromia Region prior to the enactment of these Regulations shall pay the land use fee provided for in these Regulations from the effective date fo these Regulations.

7. *Exemption*

Any organization which:

1) erected or posted its Advertizing board in its compound or on its building, or
2) is not established to carry on a commercial activity shall not pay land use fee.

8. *Power To Issue Directives*

The Oromia Finance Bureau shall have a power to issue directives for the proper implementation of these Regulations.

9. *Penalties*

Any organization which violates these Regulations or directives issued to implement these Regulations shall be punishable in accordance with the Penal Code.

10. *Inapplicable Laws*

Any Regulations, or directives or decisions inconsistent with these Regulations shall not be applicable with respect to matters provided for in these Regulations.

11. *Effective Date*

These Regulations shall come into force as of the 10th day of November, 2000.

Done at Finfine, this 10th day of November, 2000

Kuma Demeksa
President of the Oromia
Regional State

ብርሃንና ሰላም ማተሚያ ድርጅት ታተመ
BERHANENA SELAM PRINTING ENTERPRISE